

HIV/AIDS'n Eenyutu qabama?

Namni hundinuu yoo of-eeggachuu dhaa baatan HIV/AIDS'n qabamu ni danda'u: namootni duulloman, namoonni dargaggoo ta'an, kan dubrummaan hin tuqamin, mucooliin, hundinuu. HIV/AIDS'n akka bokkaa isa fira jedhee addaan hin baafnee ti. Hundumaa wal-qixa tortorsa. **HIV'n gosaan hin qoodu.** Namootni hedduun akka AIDS qaban ifa baasuu ni'sodaatu, sababni isaas namoonni isaaniin addaan qoodan akka jirani fi maqaa balleessan wan beekaniif. Kuni dogoggora. Hundi keenya namoota AIDS qaban waliin jiraachuu baruu nu barbaachisa. Amma illee yaadadhaa: gudeelchi hidhaa mukaa keessa jiru kan ibidda keessa jirutti hin kolfu. Boru sita'u ni danda'a.



Jalqaba AIDS

Seenaan burqaa AIDS waggoottii kur-nan yartuu darban keessatti ala-baay-ee jijiiramer:

vaayresii mana qoranna keessatti uumamuu irraa hanga luuxii fi Afrikaatti. Kuni Afrikanoota hedduu aarsee waayee burqaa isaa tii tuffatanii dhiisuu akka filatan godhe. *Namootni mana gubatu keessa jiran wal-loluu dhiisun irra hin jiru.* Burqaan AIDS amma hedduu dhimma hinbaasu, waan amma hundi keenya, Afrikanootni fi kan hin ta'inis haala wal-fakkaatuun balaa HIV/AIDS tiif saaxilamnee jirra. **Balaa irraan kan siga'u eenyumma kee utuu hin ta'in waan ati gootuu dha.**

Waraqaa gabaabduu kana keessaa hubachuun kan barbaachisu, hawaasota Afrikaa Minesootaa keessa jiraatan keessatti lakkofsi namoota HIV/AIDS qaban hedduu gudatees argamuu isaa ti; fi Afrikanoota Minesootaa keessa jiraatan keessaa 53% (dhibba keessaa shantamii sadii) dhiba, akkasumas 47% (dhibba keessaa afurtamii torba) dubartii dha- www.health.state.mn.us.

Illustrations: Genieve Roudane, 2003

Funding: New American Collaborative, Wilder Foundation and Otto Bremer Foundation

Dhugaa Afrikaa keessa jiru

Afrikaa keessa uummatni miliyoona 2.3'tti lakkawamu HIV/AIDS'n qabamee waliin jiraataa jiru. Guyyaa guyyaatti 6000 tu AIDS'n du'u. Bara 2000 keessa, ijoolee abbaa fi haadha hin qabne miliyoona 16'tu jiru turan; bar 2010'tti miliyoona 28'tu jiraatu: www.cnn.com/2000/HEALTH/AIDS/07/13/aids.orphans/index.html/irratti ilaali HEALTH.

Senegaal fi Ugaandaan AIDS'n akka hin babal'anne gochuu irratti irra guddaatti kan miilkawani dha. Ugaandaan, biyya irra guddaatti AIDS'n keessatti babal'achaa ture yommuu

ta'u har'a biyya lafaa keessaa irra guddaa kan milkaawe ta'ee jira: bara 1993 keessa uummatni Ugaandaa miliyooni 1.5 AIDS'n qabmanii, namoonni 800,000 kana keessaa yommuu du'an, ijoolee haadhaa fi abbaa hinqabne miliyoona 1.7 dhiisanii du'an. Uummanni Ugaandaa garuu, kana irraa baratanii of irraa ittisuuf shaakalaa kan jiran fi keessaa iyuu kondomiitti fayyadamaa fi lakkofsa namoota qunnamtii saalaa waliin qaban xiqeessaa jiru.

Sababa Malee Dibbeen Gonkumaa Hin Rukutamu


Yeroo leenci ganda kee keessa dhufu, sagalee bil-bila keetii ol-kaasuu qabda. Ugaandaa keessatti kana goonee; akka dubbi hamaatti fudhannee milkii irratti arganne. AIDS'n karaa beekamoo lakkofsaan muraasa ta'aniin waan daddarbuuf jecha of-irraa ittisuun ni danda'ama. Yoo gahaatti dammaqiinsa ol-kaafne, ni dhaabbata.

— Prezidaantii Ugaandaa Yowerii Museveenii

Mootummaan Ruwaandaa amalli qunnamtii saalaa dhirotaa biyya lafaa guutuu keessatti HIV/AIDS babali'suu irratti gahee guddaa xabataa akka jiru ittu walii-gala.

Lola HIV/AIDS irratti geggeeffamu keessatti dhiiri hirmaattota akka ta'an gochuun karaa haala adeemsa balaa dhukkuba kanaa jijiiruuf mirkanaawoo ta'an keessaa isa tokko dha, akka UNAIDS'tti. Kana waan ta'eef UNAIDS duula bara addunyaa guutuu keessatti godhamuuf mata duree "dhiironni garaagarummaa ni fidu" kan jedhu kan filateef.

Sadarkaa guutuu idil-addunyaatti, dubartooni umrii isaanii waggaa 15 hanga 24 gidduu jiran namoota akka haaraatti HIV dhaan qabaman keessaa walakkaatti lakkawamu. Namoota guguddoo biyyoota kibba Sahaaraa Afrikaa /Sub Saharan Africa/ keessa jiran keessaa dhibbantaan 55 (55%) dubartoota akka ta'an tilmaameera. Shamarran wagoota kurna keessa jiran dargaggoota umrii akkasii irra caalaa marraa 5 HIV/AIDS'n gaaga'amani jiru. Sababa lakkofsa kanaa kan ta'e wal-gituu dhabuu



walitti-dhufeenya dubartootaa fi dhirootaa ti; keessaa iyuu walitti-dhufeenya saalaa ilaalchisee.


Goolii fi roorroon dubartootaa fi shamarran irra ga'u fakkeenya ija-banachiisaa ta'ee dha. Humnaan gudeeduun bal'inaan jira; Kibba Afriikaatti /South Africa/ immoo, namooti guguddoon AIDS'n qabaman, dhukuba kana irraa nufayyisa jedhani amanuu dhaan durboota umrii isaanii gadii kan dhukkuba kanaan hinqabmin humnaan gudeeduun gabaafamee jira. Gooliin dubartoota irra ga'u haalaakkana ifaa hin ta'iniis ni ta'a. Shamarran ijoolee ta'an yeroo baay'ee namoota "abbaa shukaaraa" ta'aniin kennaa fi gochaa adda addaa tiin gowwomsamanii qunnamtii saalaa walii godhu. Wal-qunnamtiin wal-hin gitne akkasii waan dubartoota irra ga'uuf deemu irratti gahee guddaa qaba, balaa dhukuba kanaan qabamu keessatti.

Gochaaleen aadaa fi hoo da irratti hundaawanii babal'ina AIDS tiif gumaachan: Dhaqna-qabuu dhiiraa, dhaqna muruu dubartii, gursummeeti dhaaluu, reeffa qulqulleessuu, bareedinaaf tumachuu ykn bareedinaaf of tottolchuu, baay'ina lakkofsa namoota wal-qunnamtii saalaa waliin godhanii, garmalee dubartii hedduu fuuhu, fi ijoolee durbaa xixinnoo namoota gudguddoo niitoota biraa qabanitti eerumsiisu.

Maddi Oduu: afrol news – www.afrol.com

Ittisa

Namni kophee qabu qoree hin sodaatu.



HIV/AIDS of-irraa ittisuuf dhaaf karaa jajabduu lama qofa tu jira – gonkumaa qunnamtii saalaa godhuu dhiisuu, ykn yeroo qunnamtii saalaa gootuu hundumaa kondomii laastikiitti fayaadamuu. Kondomii laastikiitti yeroo qunnamtii saalaa gootu hundumaa keewachuu of-irraa ittisuuf carraa ati qabdu keessa isa irra guddaa dha. Yaadadhu: muka dabu qileensi hin cabsu. Dubbiin kondomii jaalachuu fi dhiisuu kee miti. Sagaleen dibbee yeroo jijiiramu sirbitootni dhawaataa isaa duukaa bu'uu qabu. Sirbi qunnamtii saalaa jijiiramee jira, kondomii fayyadami. Namni kophee qabu qoree hin sodaatu. Namoonni tokko tokko kondomii keewachuu akka isaan jeequ dubbatu. Obsi gadheen hin jiru. Qophii gochuun adeemsa hin balleessu. Akka warri Swaahili jedhu: Haraka haraka haina baraka: Ariifadhu ariifad-huun eebba hin qabu. Yeroo fudhadhuu tii yeroo hundumaa kondomii keewwadhu. Sammuu qulqulluutti eeggadhuu tii lubbuu kee olfadhu: Alkoolii fi surratii murtii hubu. Sammuu qulqulluutti eeggachuu carraa dhukkuba kana of-irraa ittisuuf carraquu kee tii siif fooyeessa.



Dhara akka dhugaatti dhi-haatu /Sheekkoo/

Sheekkoon du'aaf nama kenuu, kan amma Afrikaa keessatti babal'atee jiruu fi tarrii namoonni Afrikaa addana Minnesotaa keessa jiran tokko tokkos itti amanan, wal-qunnamtii saalaa durba waliin qabaachuu AIDS irraa nama fayyisa isa jedhuu dha. KUNI DHARA. WANNI AIDS IRRAA NAMA FAYYISU HINJIRU. Yaadni kuni duratti Prezidaantii Zaambyiaa kan ture Kenneth Kaawundaa haalaan aarsee akkana jedhe: "Nu fayyisa jettanii amanuu dhaan mucaa tokko humnaan gudeedu. Kun maraatummaa attamii ti?" Durba tokko ykn mucaa tokko wajjin qunnamtii saalaa gochuun nama badiin AIDS'n qabamu irra ga'e kan bira uumuu dha. Sanyiin bisingaa moofaa fi haaraan walumatti baabura daakuutti nam'uu dha. Dhugaadhumatti, haalli nama humnaan gudeedu sanatti irra caalaa baddaa ta'u ni mala,

yoo durbi ykn muacaan sun dursitee/dursee AIDS qabaate: dhukkuba isaa irra hamaa gochuu dhaan haala wal-xaxaa keessa isa galchuu ni danda'a.

Sababa AIDS irraa nafayyisa jette amantuuf ykn osoo beektuu nama biraatti dabarsuuf, akka duraan jedhametti, "ani gabaa keessaa hin bitne", jechuun kan humnaan gudeeddu yoo ta'e, kun nama ajeesuu dha. Kutaaleen US 24 nama utuu beekuu HIV/AIDS nama qabsiisutti ni roorisu. Seera qofa utuu hin ta'in, billaa qara lamaa ta'ee sihumaan iyyuu kan si miidhuu dha. Akka namoonni keenya jedhan: *namni laga yaa'utti fincaa'u akeekkachii famuu qaba, sababni isaas firri isaa ykn ishee kam iyyuu gara fuula duraatti laga sana irraa dhuuguu waan maluuf*. AIDS'n naannawee walga'a: obboleetti k ee, obboleessa k ee, mucaa k ee ta'uu ni mala: Naannawee mana keetti dhufa.

Yaadadhu!

- Namni HIV/AIDS'n qabame tokko iyyuu immigreshniihi hin gabaafamu.
- Yeroo ammaa carraan karaa afaaniin ilaalamuu ni jira
- Osoo eenyummaan k ee hin beekaminis ilaalamuu ni danda'ama.
- Qoranaan hundinuu iciti'i dhaan eegama.
- Dhukkubsatooti HIV/AIDS inshuraansii fayyaa yoo hinqaban ta'e illee tajaajila fayyaa argachuu ni danda'u.
- Osoo hin turin HIV qabachuun k ee qoratamee yoo beekame daftee tajaajila fayyaa argachuu jalqabuu fi yeroo dheeraa jiraachuu ni dan deessa.
- Kondomii laastikii qofatu AIDS of-irraa ittisuuf irra caalaa gaarii dha. Dhimmi AIDS dhaa balaa-qabeessa. Akka waan hinjirree fakkeessun nu-hin-gargaaru. *Sa kogolen be dogo akka warri Bambara jedhan – bofa dhokate tu ol-guddata – le serpent qui est cache s'agrandisse*. Arbi guddatee gaheessa ta'a, namoonni yoo jaallatanis dhiisanis. Haasofni kuni baay'een keenya kan hin feene akka ta'e ni beekna. Haa ta'u malee waayee isaa dubbachuu fi of-irraa ittisuuf carraaqquu nu barbaachisa. Namni kam iyyuu shorbaa mixmixaa ariitii dhaan hin dhugu; yeroo k ee fudhadhu, waayee kanaa itti yaadi, waraqaan kanas irra deebii'du dubbisi. Achiin booda namoota biraatti himuu jalqabi, of-irraa ittisuuf hojii irra olchuu jalqabii. Ofii k ee tiif godhi, ijoolee keetiif jecha godhi, maatii k ee tiif jecha godhi, gosa k ee tiif jecha godhi, qomoo keetiif jecha godhi Afriikaanoota 6000 tu guyyaa guyyaatti sababa AIDS tiif du'u. Hundi keenya du'aaf yoo of-laanne eenyutu ijoolee keenya guddisaa?



Mawa
Minnesota African Women's Association
Waldaa Dubartoota Afriikaa Minnesootaa

(Oromo)



Haala aadaa wajjiin wal-simateen Barnoota HIV/AIDS irratti Afriikaanoota Minesootaa tiif Qophaa'e

MAWA, Minnesota African Women's Association
MAWA Waldaa Dubartoota Afriikaa Minnesootaa
2507 Fremont Avenue North, Suite 215
Minneapolis, MN 55411
612-529-9267, x 3302 Fax: 612-529-4743
Mawa0302@yahoo.com

Yoo waan tokko baallan meexxi hin tuqne, baallan hin shakaksan. Kanaafi nuti uummatni Afriikaa, warri waayee qunnamti saalaa fi HIV/AIDS hin dubbanne, amma waayee isaa dubbachuun kan nu irra jiraatu. AIDS'n (Eedsiin) uummata Afriikaa lakkofsaan guddaa ajjeesaa jira. Addana Minesootaa keessatti, namootni Afriikaa 335 AIDS wajjin jiraataa jiru; bara 2002 keessa namootni AIDS qaban harawaan 65 bira ga'amani k ee jiran yommuu ta'u, Minesootaa keessatti biyyootni 6 hedduu kan tuqamanii dha. Nuti Afriikaanootni, HIV/AIDS akka hamaatti fudhachuu jalqabuutu nu irra jira. *Titiisni kan ishee gorsu hin qabne, reeffa duukaa owaala senti*. Prezidaantootni Afriikaa AIDS irratti duula labsanii jiru; amma kanatti jabaa dha. *Yeroo wayniin gubbaa manaatti maramu, muramuun yeroo isaa ti*. Waynichi gubbaa mana keenyaatti marameejira: kutuu tu nu irra jira.

HIV fi AIDS'n maalii dha?

HIV'n jechootni '*Human Immuno-deficiency Virus*' jedhaman gabaabaatti kan ittiin waamamanii dha. Vaayresiin kun kan AIDS fidanii dha. AIDS'n '*Acquired Immuno-deficiency Syndrome*' irraa kan dhufe yommu ta'u, hiikni isaa yommuu vaayresiin HIV si waraantu, qaama k ee keessaa wanni dhukkubaa fi tortora sirraa ittisu hubamuu dhaan sanaan booda dhukkubaa fi tortora oolchuu dadhaba. Dhukkubooni fi tortori durattii irraa fayyuu dandeessu turte amma si ajeesuu ni danda'u, hangam takka cimaa fi dardara yoo taate illee: *akka leenca dulloomee titiisni illee mo'attuu taata*.

Namni tokko attamitti HIV/AIDS'n qabamaa?

HIV'n kan siqabuu danda'u qunnamti saalaa gochuu dhaan ykn, nama dursee vaayresii sana qabuu waliin walitti bu'iinsa dhiigaa fi dhiigaa gochuu dhaani. Nama qabamee jiru baruu hin dandeessu yoo qoratamaniiru ta'ee, sana iyyuu yoo sitti himani malee Namootni HIV qaban akka qaban beekuu dhiisu ni malu, sababni isaas fayya-qabeessa waan fakkaatanifi akkasumas dhukkubbiin waan itti hindhaga'amneef. Yoo dhuma illee fayya-qabeessa fakkaatanii dhukkubbiin itti hin dhaaga'amne illee dhukkubbiin itti dhaga'amuu isaaniin dura waggoottii dheeraaf namoota biraatti dabarsuuf ni danda'u. Kan ati HIV/AIDS qabaachuu k ee baruu dandeessu dhimma sanaaf yoo qoratamee ykn. Mallattoon

mil'achuu yommuu jalqabuu dha. Baay'een mallattoo dhukkuba kanaa dhukkubootuma haaraa hin taane kan akka ho'ina qaamaa fi garaa kaasaa ti. Namootni HIV/AIDS qaban dawaa fudhachaa jiru yoo ta'e illee sitti dabarsuu ni danda'u. AIDS qabaachuu k ee kan sitti himuu danda'u doktora qofa. HIV/AIDS dhaaf **KITTIBAATIIN HIN-JIRU**. AIDS irraa **WAAN NAMA FAYYISUU HINJIRU**. Qorichoonti namoota AIDS qabaniif kennaman yeroo dheeraaf akka jiraatan isaan gargaaruu fi foyyeesuuf malee isaan hin fayyisu. **HIV/AIDS of irraa eeguu qofaatu meeshaa dha**.

HIV/AIDS'n attamitti daddarba?

HIV'n karaa itti darbuu danda'u 3 tu jira:

- Nama HIV/AIDS qabu waliin karaa buqushee, munnee ykn afaanii qunnamti saalaa gochuu
 - Lilmee coraa jalaa namni biraan itti dhimma ba'etti fayyadamuu.
 - Haadha irraa gara mucaa isheetiitti yeroo ulfaa ykn da'umsaa fi harma hosisuu.
- Dhugaatti, HIV'n furdina garaa garaa tiin dhiiga, dhalcha, dangala'aa buqushee, aannan harmaa, hancufa, fi imimaan kessatti ni argama – bal'inatti: www.cdc.gov/hiv/pubs/facts/transmission.htm ilaali. Yoo si dhukkuba ta'ee dhiiga nama biraat fudhachuu United States keessatti sibarbaachise, hin sodaatin: dhigni gumaachame hundi HIV tiif qoratamee fi namootni HIV/AIDS qabanis United States keessatti dhiiga gumaachuu waan hin dandeenyef.